

Biirroo Siivil Saviisii fi Bulchiinsa Gaarii Oromiyaatti

**Qajeelfama Raawwii Guddina Sadarkaa Hojjetoota
Mootummaa (Siivil Sarvaantii) Naannoo Oromiyaa**

Lakk. 4 /2006

**Sadaasa 2006
Finfinnee**

Qajeelfama Raawwii Guddina Sadarkaa Hojjetoota Mootummaa (Siivil Sarvaantii) Naannoo Oromiyaa

KUTAA TOKKO: HAALA WALIIGALAA

I. Seensa

Guddinni sadarkaa qajeelfammota Raawwii Bulchiinsa Humna Namaa Manneen Hojii Mootummaa guyyaa 04/01/1999 Lakk.KSSO1/WG-2/8/184'n darbe keessatti haala Jildii Tokkoffaa irratti ibsameen ittiin hojjetamaa erga turee booda, Raawwii Foo'annoo fi Filannoo Humna Namaa bu'aaa qo'annoo JBAH wajjin wal-sismsiisuuf qajeelfama yeroof guyyaa 5/11/99 Lakk. KSSO1/WG1-2/9'n darbeen ittifamuun isaa ni beekkama. Qajeelfamni guddina sadarkaa kun ittifamuu kan danda'e Manneen Hojii Mootummaa Naannicha keessatti argaman qo'annoo JBAH yeroo hojii irra oolchani jalqabee sirni madaallii gitoota hojii haala kamiin akka raawwatamu murtee osoo hin argatiin waan tureef gitoota hojii qo'annoo JBAH booda uumamaniif sadarkaa kennuun hin danda'amne.

Gama biraatiin ammoo raawwii guddina sadarkaa keessatti qaphxiwwan dorgommii qajeelfama keessatti teessifaman keessaa madaalliin raawwii hojii isaa ol'aanaa yoo ta'u sirni madaallii ifa ta'e jiraachuu dhabamuun isaatiis guddina sadaarkaa hojii irra oolchuu irratti rakkoo ta'ee tureera.

Guddinni sadarkaa ittifamee turuun isaa kun raawwii waliigalaa hooggansa qabeenya namaa Naannichaa irrattii dhibbaa kan uume ta'uu isaatiin kaka'umsa hojii hojjattootaa fi bu'aa qabeessumaa manneen hojii irratti hanga tokko rakkoo uumuun hin hafne. Haaluma kanaan rakkoo hooggansa qabeenya namaa irratti mula'te kana sadarkaa sadarkaadhaan furmmaata akka argatu taasisuun barbaachisaa waan ta'eef gitoota hojii qo'annoo "JBAH"n boodatti uumamaniif akka biyyaatti sadarkaan dhaabbiidhaan hanga kennamuutti sadarkaan yeroo ce'umsaa kennuudhaan ramaddiin hojjetootaa gitoota hojii sadarkaan yeroo ce'umsaa kennameef irratti haala itti gaggeeffamuu danda'u ilaalchisee qajeelfama ramaddii guyyaa 19/12/2003 Lakk. BSSBG1/WG1-2/15/325'n bahe irratti hundaa'uun ramaddiin hojjattootaa kan gaggeeffame yoo ta'u ramaddii mirkana'e kana irrattis qajeelfama raawwii kaffalltii mindaa guyyaa 17/12/2004 Lakk. BSSBG/1-2A/758/01/35 tiin Biiroo Siivil Sarviisii fi Bulchiinsa Gaarii irraa darbeen kaffaltiin mindaa akka raawwatamu taasifameera.

Qajeelfamni kaffaltii kuni yeroo tokkoof qofa kan hojjatu waan ta'eef itti fufinsa akka qabaatu taasisuudhaaf ammo gitoota hojii duwwaa guutamuu qaban irratti haala hojjattootni gahumsa qaban dorgomanii guddina sadarkaa argachuu danda'an mijeessuun barbaachisaadha. Akkasumas;

- Hojjettootni sadarkaa yeroo ce'umsaa kenname irratti ramadamuudhaan faayidaa dabalataa ykn fooyya'insa mindaa argatan muraasa ta'uu isaa,
- Hojjettootni ramaddiin gitoota hojii sadarkaan yeroo cehumsaaf hayyamame erga xumuramee booda sadarkaa barnootaa fooyyeffatanii fi muuxannoo hojii horatan jiraachuu isaanii,
- Hojjettootni gitoota hojii sadarkaa yeroo ce'umsaa kennameef irratti fooyya'insa mindaa argatanis taanaan fooyya'insa mindaa erg argatanii waggaan tokko darbuu isaa fi
- Gaaffiin sirreeffamaa fi dabalata mindaa hojjettootaa manneen hojii sadarkaa adda addaatti argamanii fi hojjettoota irraa bal'inaan dhiyaachaa jiraachuu isaa hubatameera.

Kanaafuu, rakkoolee jiraniif furmaata kennuu fi adeemsa jijjiiramaa eegalamee jiru caalmaatti ariifachiisuun akka danda'amu manneen hojii Naannichaa sadarkaa adda addaatti argaman keessatti gitoota hojii duwwaa jiraniif baajatni qabameef irratti beeksisa guddina sadarkaa ifa ta'e baasuudhaan hojjettootni wal-dorgomanii haala itti guddachuu danda'an mijeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef qajeelfama ulaagaalee dandeettiwwan barbaachisoo fi qaphxiwwan madaallii dorgommii guddina sadarkaa kanaaf filataman fayyadamuudhaan guddina sadarkaa gaggeessuuf kan dandeessisu akkaataa aangoo labsii lakk. 61/94 keeyyata 22 keeyyata xiqqaa 2tiin BSSBGOof kennameen qajeelfama raawwii guddina sadarkaa kana baasee jira.

Qajeelfamni kun kutaa sadiin kan gurmaa'ee yoo ta'u, isanis:-

- Haala Waliigalaa Qajeelfamaichaa,
- Haala Raawwii Guddina Sadarkaa fi
- Aangoo fi Dirqama Qaamolee Adda Addaati.

II. Mata Duree Gabaabaa

Qajeelfamni kun “*Qajeelfama Raawwii Guddina Sadarkaa Hojjettoota Mootummaa (Siivil Sarvaantii) Naannoo Oromiyaa*” jedhamee waamamuu ni danda'a.

III. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, qajeelfama kana keessaatti:-

1. “**Mana Hojii**” jechuun Mana Hojii Mootummaa mataa isaa danda'ee labsii ykn dambiidhaan dhaabbate ta'ee labsii Bulchiinsa Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.61/94tiin kan buludha.
2. “**Mana Hojii Naannoo**” jechuun Biirroolee, Waajjiraalee, Abbaa Taayitaa, Komishiniwwan, Ejensiwwan, Inistiityuutiwwanii fi kanneen biroo seeraan dhaabbatanii sadarkaa Naannoo irratti argamanidha.
3. “**Biirroo**” jechuun Biirroo Siviil Sarviisii fi Bulchiinsa Gaarii Oromiyaa jechuudha.
4. “**Hojjetaa**” jechuun Manneen Hojii Mootummaa Naannichaa keessatti dhaabbidhaan qaxaramee kan hojjetu yoo ta'u, muudamtoota, miseensoota poolisii, abbootii seeraa

akkasumas hojjetoota Labsii Bulchiinsa Hojjattota Mootummaatiin hin haammatamiin hin dabalatu.

5. **“Foo’annoo fi filannoo”** jechuun adeemsa qaxara, guddina sadarkaa, jijjiirraa fi ramaddii hojjetoota siviil sarviisii Mootummaa Naannichaa keessaatti raawwachuuf ulaagaalee kanneen akka beekumsa, ogummaa fi danddeetti addaa gitni hojichaa barbaadu bu’uura godhchuudhaan dorgomtoota dhiyatan keessaa kanneen bu’aa caalmaa galmeessisan addaan baasuudhaan ademsa gitni hojii duwwaa mana hojii tokkoo itti guutamu jechuudha.
6. **“Foo’annoo”** jechuun adeemsa mana hojii tokko keessatti gita hojii jiru ykn gita hojii banaa fuula dura jiraachuu danda’u irratti qaxaraan, jijjiirraa fi guddina sadarkaatiin ramaduudhaaf iyyattoota ga’umsa qaban addaan baasani beekuu fi dorgommiif affeeruudha.
7. **“Filannoo”** jechuun adeemsa mana hojii tokko keessatti gita hojii duwwaa jiru irratti iyyattoota ga’umsa qaban qaxaraan ykn jijjiirraan ykn guddina sadarkaan ramadamuuf iyyata dhiyeeffatan dorgomsiisani filuudha.
8. **“Guddina sadarkaa”** jechuun Hojjetaan Mootummaa tokko sadarkaa gita hojii qabatee jiru irra gara sadarkaa fi mindaa ol-aanaatti dorgomsiisuudhaan guddisuudha.
9. **”Jijjiirraa alaa”** jechuun jijjiirraa hojjattoota Manneen Hojii Mootummaa lama wal-hin fakkaanne gidduutti ykn Manneen Hojii Federaalaa dabalatee Naannoolee gidduutti sadarkaa gita hojii fi mindaa walsimu irratti raawwatamudha.
10. **“Jijjiirraa keessaa “** jechuun jijjiirraa mana hojii Mootummaa tokko keessatti gita hojii tokko irraa gara gita hojii biraatti, Waajjira olaanaa irraa gara dameetti, Godinaa fi Aanaatti akkasumas Aanaa irraa gara Aanaatti ykn Godinaa fi mana hojii ol-aanaa sadarkaa Naannoo fi Godina irraa gara Godinaatti, Bulchiinsa Magaalaa irra gara Magaalaattii ykn gara Aanaa, Godinaa fi mana hojii ol-aanaa sadarkaa Naannootti sadarkaa gita hojii fi mindaa wal gitu ykn wal-fakkatu irratti taasifamuudha.
11. **“Hojjetaa kontiraataa/ yeroo”** jechuun Mana Hojii Mootummaa keessatti haala waliigaltee kontiraataatiin hojjetaa kontiraataan/yeroof qaxaramee hojjechaa jirudha.
12. **“Muuxannoo hojii”** jechuun Manneen Hojii Mootummaa, Dhaabbiilee Dhuunfaa fi Miti-Mootummaa beekkamtii seera qabeessa ta’ee qaban keessatti tajaajila hojii guyyaatti yoo xiqqaate sa’aa saddeet (8) kan hojjechiisu ta’ee maal hojjechaa akka turan, yoomii hanga yoomitti (guyyaa, ji’aa fi bara kamii hanga kamiitti) akka hojjetan kan ibsamee fi mindaan ji’aa kaffalamaafii turee fi hojicha maaliif akka gad-lakkisan kan ibsu ta’ee yoo dhiyaatee fi akkasumas Qajeelfama Raawwii Bulchiinsa Humna Namaa Manneen Hojii Mootummaa guyyaa 04/01/1999 Lakk.KSSO1/WG1-2/8/184’n bahe, haala Jildii Tokkoffaa fuula 56-57, Lakk.1-3 keessatti akkaataa muuxannoon hojii akka muuxannoo hojiitti qabamu ilaalchisee, dhimmoota ibsaman guatee yoo argame jechuudha.
13. **“Dandeettiiwwan barbaadaman”** jechuun sadarkaa gita hojii tokkoof kenname irratti dorgomani ramadamuudhaaf sadarkaa barnootaa, muuxannoo hojii fi dandeettii addaa barbaachisan jechuudha.
14. **“Beekumsa (Knowledge)”** jechuun hojjataan tokko gita hojii tokko qabachuu fi hojicha haala fiixa ba’insa qabuun raawwachuuf ga’umsa barbaachisaa barumsaan argate jechuudha.

15. **“Dandeettii addaa (Skill)** “jechuun leenjii fudhachuudhaan ykn muuxannoodhaan kan argamu qulqullinaa fi haala saffisaan hojii tokko raawwachuuf gargaaru dandeettii adda ta’edha.
16. **“Dandeettii (Ability)”** jechuun dorgomaa ykn hojjataa beekumsa qabu hojiitti ramaduuf ykn hojiiwwaan gita hojiilee fi manni hojichaa kaayyoo karoofate bifa guutuu dandeessisuun fi haala quubsaadhaan raawwachuuf ga’umsa barbaachisudha.
17. **“Ramaddii hojjattoota”** jechuun hojjattoota qaxaraan, jijjiirraadhaan, guddina sadarkaatiin, ykn haal birootiin gitoota hojii duwwaa baajata qaban irratti bobbaasuudha.
18. **“Koree foo’annoo fi filannoo”** jechuun dhiimma qaxaraa, guddina sadakaa, jijjiirraa fi ramaddii gara biroo akkaataa qajeelfama jiruun raawwatee Hooggansa Ol-aanaa dhimmi ilaaluuf yaada murtii kan dhiyeessuudha.
19. **“Hogganaa ol’aanaa”** jechuun Manneen Hojii Naannootti hogganaa mana hojii, Bulchiinsa Godinatti Bulchaa Godinaa fi Hoggantoota Waajjiraalee, Bulchiinsa Aanaatti Bulchaa Aanaa fi Hoggantoota Waajjiraalee, Bulchiinsa Magaalotaatti Kantiibaa fi Hoggantoota Waajjiraalee, Mana Barnootaatti Daarikteera mana barumsaa, dhaabbilee fayyaatti Daarikteera Meedikaalaa, Giddugaleessitoota keessatti Gaggeessitoota Giddugaleessaa, Dhaabbilee birootti hogganaa dhaabbatichaa ol-aantummaan gaggeessu ykn qindeessu jechuudha.
20. **“Madaallii mirkaneessa ga’umsaa (COC)”** jechuun hojjetoota gosa barnootaa kamiiniyyuu sadarkaa barnootaa **”Level-I** hanga **Level-V** tti jiran keessaa kamiiniyyuu erga xumuranii booda, qormaata mirkaneessa ga’umsaa (COC) fudhatanii darbuudhaan toora ogummaa ga’umsa isaanii kan mirkaneeffatan jechuudha.
21. **“Mindaa”** jechuun kanfaltii ka’umsa gita hojii tokkoof murtaa’e, dabala yeroo yerootti kennamuu fi hojii hojjatameef kaffalltii raawwatamudha.
22. **“Ol-ka’insa sadarkaa”** jechuun sadarkaa gita hojii hojjetaan tokko qabatee jiru irraa ka’amee gara olittii sadarkaa gita hojii lakkaa’amu jechuudha.
23. **“Labsii”** jechuun Labsii Bulchiinsa Hojjetoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 61/94 fi labsii kana fooyyessuuf kan ba’e Labsii Lakk. 104/97 kan dabaltu jechuudadha.

IV. Ibsa Saalaa

Qajeelfama kana keessatti dhimoonni ykn jechoonni saala dhiiraatiin ibsaman hundi dubartiis ni ilaallatu.

V. Kaayyoo Qajeelfamichaa fi Barbaachisummaa Isaa

5.1 Kaayyoo Gooroo Qajeelfamichaa (General Objective)

Gitoota hojii qorannoo jijjiirama bu’uura adeemsa hojii (JBAH)tiin uumamanii sadarkaan yeroo ce’umsaa kanameef ykn haaraa qoratamanii ba’an irratti humni namaa kan irra hin jirree fi baajata kan qabu ta’ee manni hojichaa gitoota hojii guttachuuf yeroo barbaadu akkaataa ulaagaalee dandeettiwwan barbaachisoo sadarkaan gita hojichaa gaafatuun hojjetoota

dorgomsiiee guddisuuf kan dandeessisu sirni raawwii ifaa fi bifa tokko ta'e akka diriiru taasisuu fi bu'aa qabbeessuumaa hojjataa fi raawwannaa hojii manneen hojii Naannichaa caalmaatti fooyyessuudha.

5.2 Kaayyoo Gooree Qajeelfamichaa (Specific Objectives)

- a) Raawwii guddina sadarkaa dhaabbatee ture itti fufsiisuudhaan hojjattootni gahumsaa fi dandeettii gitni hojichaa gaafatu guutan carraa guddina sadarkaa akka argatan taasisuu,
- b) Hojjattoota Mootummaa raawiin hojii isaanii ol'aanaa ta'e sadarkaalee gitoota hojii ol'aana irratti dorgomanii kaffalltii bu'aa galmeessan waliin wal-gitu akka argatan, akka jajjabeeffmanii fi kaka'umsa hojii akka horatan taasisuu fi
- c) Sirna hooggansa qabeenya namaa meeriitii irratti hundaa'e mirkaneessuudhaan bu'aa qabeessummaan hojjattootaa fi manneen hojii Naannichaa akka dabaluu taasisuu ta'a.

5.3 Barbaachisummaa Qajeelfamichaa:

- a) Gitoota hojii duwwaa humna namaa barbaadan irratti dorgommii irratti hundaa'uun hojjataa gahumsaa fi danddeettii gitni hojichaa barbadu guutuuf carraa uumuu,
- b) Hojii irra oolmaan guddina sadarkaa manneen hojii Naannichaa sadarkaa hundatti argaman keessatti haala wal-fakkaatuun akka hojii irra oolu taasisuu,
- c) Gita hojii ol'aanaa duwwaa jiru tokko humna namaa alaa itti fiduun duratti hojjattootni mana hojichaa ykn dameewwan mana hojichaa dursi kennameefii idoo guutuu danda'anitti dorgomanii kaffaltii iddichaaf hayyamame fayyadamoo akka ta'an taasisuudhaan kaka'umsa hojii hojjattootaa guddidisuuf fi
- d) Raawwiin guddina sadarkaa haala loogii irraa bilisa ta'een, qulqullinaa fi iftoomina qabuun keessumeessuu, humna namaa gahumsa qabu iddoo bu'aa buusuu danda'u irratti ramduun akka danda'amu qajeelfama raawwii guddina sadarkaa kana qopheessuun barbaachisaa ta'ee argameera.

VI. Daangaa Raawwii Qajeelfamichaa

Qajeelfamni kun raawwatiinsa kan qabaatu manneen hojii Labsii Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk. 61/94tiin bulanii fi caasaa Mana Hojii isaanii mirkanaa'ee hojii irra jiru keessatti gitoota hojii duwwaa fi baajata qaban irratti qofa ta'a.

KUTAA LAMA: RAAWWII GUDDINA SADARKA

VII. Raawwii Guddina Sadarkaa Hojjetootaa

7.1 Waliigala

- 7.1.1 *Qajeelfamni Guddina Sadarkaa* kun hojii irra kan oolu akkaataa Qajeelfammota Raawwii Bulchiinsa Humna Namaa Manneen Hojii Mootummaa guyyaa 04/01/1999 Lakk.KSSO1/WG-2/8/184tiin darbeen haala Jildii Tokkoffaa Lakk.10.1 hang 10.10 irratti waa'ee guddina sadarkaa ilaalchisee ibsamee fi akkasumas qajeelfama gudina sadarkaa kana keessatti ibsame hordofuudhaan ta'a.
- 7.1.2 Beeksisni guddina sadarkaa kan ba'us ta'e wal-dorgommiin guddina sadarkaa Mana Hojii tokkoo kan gaggeeffamu yeroo tokkoo osoo hin taane, Manni Hojichaa gitoota hojii duwwaa fi baajata qabu irratti humna namaa guuttachuuf akkaataa karoora qabateen wal-duraa duubaan sadarkaa gita hojii ol'aanaa irraa jalqabuudhaan gara gadiitti hanga gitoota hojii sadarkaa gad-aanaatti jiran irratti ta'a. Haa ta'u malee gitni hojii duwwaan waan jiruuf qofa, karooraan ala guddina sadarkaa raawwachuun hin danda'amu.
- 7.1.3 Hojjataan dorgommii guddina sadarkaatiif dhiyaatu tokko dorgommiif galmaa'uudhaaf ulaagaalee dandeettiiwwan sadarkaa gita hojiif barbaachisoo ta'an (qophii barnootaa fi muuxannoo hojii sadarkaa gita hojichaaf barbaachisu) guutee argamuu qaba.
- 7.1.4 Sadarkaalee gitoota hojii kamiyyuu irratti dorgommiin yeroo taasifamu ulaagaaleen barbaadaman akkaataa Qajeelfamoota Raawwii Bulchiinsa Humna Namaa Manneen Hojii Mootummaa guyyaa 04/1999 Lakk. KSSO1/WG1-2/8/184'n darbe Jildii Tokkoffaa irratti dandeettiiwwan gitoota hojiitiif barbaachisan ilaalchisee haala ibsamaniin fi sadarkaalee gitoota hojii adda addaa kan biroo Manneen Hojii Naannichaa keessatti banamaniif akkaataa ulaagaaleen dandeettiiwwan barbaadaman BSSBG irraa darban hordofuudhaan kan gaggeeffamu ta'a.
- 7.1.5 Qajeelfama ramaddiin hojjetootaa gitoota hojii sadarkaan yeroo ce'umsaa kennameef irratti haala itti gaggeeffamuu danda'u ilaalchisee guyyaa 19/12/2003 Lakk. BSSBG1/WG1-2/15/325'n darbee fi raawwii kaffaltii mindaa ilaalchisee qajeelfama guyyaa 17/12/2004 Lakk. BSSBG/1-2A/758/01/35'n BSSBG irraa darbe hordofuudhaan hojjetaan ulaagaalee dandeettiiwwan sadarkaa gita hojii irratti ramadame guutee ramadamu illee, ol-ka'insa sadarkaa sadii (3) ol-argachuu waan hin qabneef ol-ka'insa sadii qofa shallaggiidhaan kaffalamaafii sadarkaa gita hojichaa irra hojjechaa jiru, dorgommii malee mindaa ka'umsaa sadarkaa gita hojichaa argachuu ni danda'a. Kunis kan ta'u mindaa amma argachaa jiru irraa ol-ka'insa sadarkaa sadii kan hin caalle ta'a.
- 7.1.6 Kan armaan olitti Lakk. 7.1.5 irratti ibsame akkuma jirutti ta'ee, yeroo ramaddichi bara 2004 gaggeeffame hojjetaan tokko sadarkaa gita hojii ol'aanaa irratti sadarkaa barnootaatiin guutee muuxannoon hojii waggaa tokkoo ol waan isaa hafeef mindaan ji'aa ka'umsaa sadarkaa gita hojii irratti ramadame irraa shallagamee iddoon guutu akka kaffalamuuf ramadamee hojjechaa jiru mindaa ka'umsa shallaggiidhaan irratti

- ramadamee jiru argachuu kan danda’u akkaataa qajeelfama raawwii guddina sadarkaatiin dorgomee yoo mo’ate qofa ta’a.
- 7.1.7 Sadarkaa gita hojii hojjetaan armaan dura seeraan irratti ramadamee ulaagaalee dandeettiwwan sadarkaan gita hojichaa barbaadu guutuu fi mindaa ka’umsaa sadarkaa gita hojichaa kaffalamaafii jiru irratti ykn gita hojii hojjataan irra jiru irratti beeksisa guddina sadarkaa baasuun hin danda’amu. Haa ta’u malee hojjetichi sadarkaan gita hojii ol’anaa kan biraa beeksisni guddina sadarkaa ba’e irratti kan guutuu fi fedhii kan qabuu yoo ta’e garuu dorgomuu ni danda’a.
- 7.1.8 Kan armaan olitti Lakk. 7.1.7 irratti ibsame akkuma jirutti ta’ee sadarkaa gita hojii olaanaa akkaataa qajeelfama ramaddii hojjetootaa gitoota hojii sadarkaan yeroo ce’umsaa kennameef irratti haala itti gaggeeffamuu danda’u ilaalchisee guyyaa 19/12/2003 Lakk. BSSBG1/WG1-2/15/325tiin fi akkasumas raawwii kaffaltii mindaa ilaalchisee qajeelfama guyyaa 17/12/2004 Lakk. BSSBG/1-2A/758/01/35 tiin BSSBG irraa darbe irratti ibsameen ala hojjetaan armaan dura ulaagaalee dandeettiwwan sadarkaan gita hojichaa barbaadu guutes ta’e osoo hin guutiin dorgomminis ta’e sababa biraatii jijjiirraa keessaa, jijjiirraa alaa fi haala biraatiin ramadamanii mindaa ka’umsaa sadarkaa gita hojichaa gadi argachaa hojjechaa jiran ka’umsa mindaa iddichaa argachuu kan danda’an akkaataa qajeelfama raawwii guddina sadarkaatiin dorgomanii yoo mo’atan qofa ta’a.
- 7.1.9 Beeksisa Guddina Sadarkaa gitoota hojii mindaa ka’umsa isaanii mindaa ka’umsaa sadarkaa barnootaa Dippiloomaa Kolleejjii (10+3), Level-III fi isaa ol ta’an kamiyyuu irratti galmaa’us ta’e dorgomuun kan danda’amu mindaa ka’umsaa sadarkaa gita hojii irra jiran irraa gara ol-aanutti ol-kainsa sadarkaa 1 hanga 3 hin caalle irratti qofa ta’a. Kuni akkuma jirutti ta’ee manneen hojii sadarkaan gita hojii leveliiddhaan kennamee iskeeliin addaa hayyamaameefii jiru dorgomuu kan danda’an hanga ol-k’insa sadarkaa 1 hanga 2 hin caalle irratti qofa ta’a. Sadarkaa gitoota hojii mindaa ka’umsa isaanii mindaa ka’umsaa sadarkaa barnootaa Dippiloomaa Kolleejjii (10+3) fi Level-III gad ta’an ykn iddoo ka’umsa mindaa 957 fi isa gad ta’e kamiyyuu irratti hojjetootni ulaagaalee dandeettiwwan sadarkaa gitni hojichaa barbaadu yoo guutan ol-ka’insi sadarkaa 1 hanga 6 irratti dorgomanii guddachuu ni danda’u.
- 7.1.10 Hojjetaan sadarkaa barnootaa dippiloomaa kolleejjii (10+3) fi isaan wal-qixa ykn isaa ol kan qabu ta’ee mindaa ka’umsaa sadarkaa barnoota isaati gad argachaa jiru sadarkaa gita hojii mindaan ka’umsaa sadarkaa barnoota isaatiin wal-qixa ta’e ka’umsa godhachuudhaan gara olittii hanga ol-ka’insa sadarkaa lama hin caalle irratti qophaa’ina barnootaa fi muuxannoo hojii qabuun yoo guute dorgomuu ni danda’a. Kana jechuun fakkeenyyaf: hojjetaan tokko sadarkaa barnootaa Level-III fi ragaa qoramaataa mirkaneessa gahumsaa (COC) kan qabu ta’ee, mindaa ji’aa qarshii 555.00 argachaa hojjechaa jiru sadarkaa gita hojii ka’umsa sadarkaa barnootaa (Level-III) isaaniitiin wal-qixa ta’e (PG-6 ykn, BH-7ykn BU-1 ykn ogummaa harkaa (OH-7) irratti dorgomee mindaa ji’aa qarshii 1114.00 argachuu ykn gara olittii hanga PG-8 ykn, BH-9, ykn BU-3 ykn ogummaa harkaa (OH-9)tti muuxannoo hojii qabuun yoo guutee fi dorgomee darbe

mindaa ka'umsaa sadarkaa gita hojichaa qarshii 1295.00 ykn 1499.0 argachuu ni dandaa'a jechuudha.

7.1.11 Hojjettoonni sadarkaa barnoota isaanii Kolleejjii adda-addaa ykn Mana Barnootaa Teekinikaa fi Ogummaa irraa Levilii (Level) adda addaatiin xumuran kamiyyuu ragaa barnootaa (Level) isaaniitiin guddina sadarkaa kana dorgomuu kan danda'an *qormaata mirkaneessa gahumsaa (COC) fudhatanii darbuu isanii kan ibsu ragaa yoo dhiyeeffatan qofa ta'a.*

7.1.12 Beeksisa guddina sadarkaa kamiyyuu irratti hojjettootiin kontiraataa fi qaxara dhaabbii yeroo yaalii ji'a ja'aa hin xumuurre galmaa'uus ta'ee, dorgomsiisanii guddisuun dhorkaadha.

7.1.13 Beeksisa Guddina Sadarkaa gita hojii tokkoof ba'e irratti hojjataan ulaagaalee danddeettiwwan sadarkaa gita hojii irratti dorgomamu barbaadu hin guunne dorgomsiisanii eeggataa fi shallaggiidhaan guddisanii ramaduun hin danda'amu.

7.1.14 Manneen Hojii ykn Adeemsaaleen Hojii ykn Kutaan Hojii kaffaltii Adoolessa 1/2004tti hojii irra erga oolee booda casaan isaanii sababa jijjiirameen hojjattoota akkaataa qajeelfama ramaddii hojjattootaa gitooa hojii sadarkaan yeroo cehumsaa kennameef itti raawwatamu ilaalchisee baheen dorgomiidhaan ramadamanii mindaa iddoo hin argatiin jiran; hojjattootni iddoodhaaf guutanii ramadaman ka'umsa mindaa iddoo itti ramadamanii ykn qophii barnootaan guutanii muuxannoon waaggaa tokkoo fi isaa gad waan isaan hafeef eeggatammaan kan ramadaman yeroo eeggatummaa isaanii xummuran ka'umsi mindaa iddichaa dorgommii dabalataa malee ol-ka'insa sadarkaa qajeelfama kana keessatti hayyamame osoo hin darbiin ni kaffalamaaf. Kanneen shallaggiidhaan ramadaman ammoo ka'umsa mindaa gita hojii irratti ramadamanii argachuu kan danda'an akkaataa qajeelfama raawwii guddina sadarkaatiin dorgomanii yoo mo'atan qofa ta'a.

7.1.15 Itti Gaafatamtoota Waajjiraaalee muudamaan ala (meeritii) ta'an, Gaggeessitoota Adeema Hojii ykn Qindeessitoota Dhimma Hojii dabalatee gitooa hojii duwwaa baajata qaban kamiyyu irratti guddinii sadarkaa kan kemnnamu akkaataa qaajeelfama raawwii guddina sadarkaa kanaan dorgommii irratti hundaa'e qofa ta'a.

7.2 Haala Hundeeffama Koree Fo'annoo fi Filannoo

7.2.1 Koreen fo'annoo fi filannoo waggaa lamaaf tajaajilu armaan dura hundeeffamee hojjachaa jiru hanga yeroo turmaata isaa xummurutti guddina sadarkaa kanas kan gaggeessu ta'ee, koreen kan hin jirre yoo ta'e ykn yeroo tajaajila isaa xumuureera yoo ta'e, itti gaafatamaa mana hojii dhimmi ilaaluunii fi filannoo hojjattootaatiin kan dhaabbatu miseensota shan (5) kan of-keessatti haammatu akka hundeeffamu ni taasifama.

7.2.2 Manneen Hojii Sadarkaa Naannoo fi Dameewwan Mana Hojii Puuliin alatti jiraniif;
a) Walitti qabaa tokko, miseensa tokkoo fi barreessaan tokko hoogganaa mana hojiiitiin kan filaman yoo ta'u, miseesota lama ammoo hojjattootatu filata,

b) Miseenota hoogganaan filatamanii fi hojjattootaan filaman keessaa yoo xinnate tokko dubartii ta'uu qabdi,

7.2.3 Manneen Hojii Sadarkaa Godinaa, Aanaa fi Bulchiinsa Magaalotaatti; gurmaa'insa puulii lamaan jechuun Puulii Bulchiinsaa (Magaalatti Kantiibaa) fi Puulii WSSBG sadarkaa sadarkaan argamu hordofuudhaan koreen fo'annoo fi filannoo lama lama kan hundeeffamu ta'ee;

I. Puulii Bulchiinsaa (Kantiibaa) keessatti:-

- a) Bulchaa Godina Ykn Bulchaa Aanaatiin (Bulchiinsa Magaalotaatti Kaantiibaa Magaalaatiin) kan bakka bu'u hojjataan tokko..... walitti qabaa,
- b) Itti Gaafatamaa Waajjiraa gitni hojii duwwaa itti argamuun kan bakka bu'u hojjetaan tokkomiseensa
- c) Hojjataan Adeemsa Hojii Hooggansa Qabeenya Namaa Puulicha irraa bakka bu'u.....miseensaa fi barreessaa,
- d) Hojjattoota lama hojjattoota manneen hojii Puulicha irraa tajaajila argataniin filataman ta'ee kan filataman keessaa tokka dubartiimiseensa ta'u.

II. Puulii Waahjiira Siviil Sarviisii fi Bulchiinsa Gaarii keessatti:-

- a) Itti Gaafatamaa Waajjira Siviil Sarviisii fi Bulchiinsa Gaarii sadarkaa sadarkan argamuun kan bakka bu'u hojjataan tokko..... walitti qabaa,
- b) Itti Gaafatamaa Waajjira gitni hojii duwwaa itti argamun kan bakka bu'u hojjetaan tokkomiseensa
- c) Hojjataan Adeemsa Hojii Hooggansa Qabeenya Namaa Puulicha irraa bakka bu'u.....miseensaa fi barreessaa,
- d) Hojjattoota lama hojjattoota manneen hojii Puulicha irraa tajaajila argataniin filataman ta'ee kan filataman keessaa tokka dubartiimiseensa ta'u.

7.2.4 **Ulaagaalee filannoo, ga'ee hojii fi itti gaafatamumma miseensota koree fo'annoo fi filannoo;**

Ulaagaaleen filannoo miseensota koree fo'annoo fi filannoo, ga'een hojii fi itti gaafatamummaan isaanii akkataa Qajeelfammota Raawwii Bulchiinsa Humna Namaa Manneen hojii Mootummaa guyyaa 04/01/1999 Lakk. KSSO1/WG-2/8/184 tiin darbeen haala Jildii Tokkoffaa irratti hundaa'ee kan raawwatamu yoo ta'u, koreen kun guddina sadarkaa kanas kan gaggeessu akkataa kanaan dura qajeelfama guyyaa fi lakkoofsi isaa armaan olitti jildii tokkoffaa keessattii fi akkasumas qajeelfama kana keessattis ibsaman hordofuudhaan ta'a.

7.3 Qophii Duraa Guddina Sadarkaaf Taasifamu

7.3.1 Manneen Hojii Sadarkaa Naannootti, Itti Gaafatamaan Adeemsa/Kutaa Hojii gitni hojii duwwaa itti argamu uunkaa gaafannoo hojii guutuudhaan hojjetaan akka ramadamuuf

gaaffii Adeemsa Hojii ykn Kutaa Hojii Hooggaansa Qabeenya Namaatiif ni dhiyeessa. Sadarkaa Godinaa fi Aanaatti Itti Gaafatamtoonni seektaraa uunkicha guutuudhaan puulii itti tajaajilamaniif ni dhiyeessu. (Miiltoon Lakk. 01 jildii 1^{ffaa} keessatti ibsame haa ilaalamu).

- 7.3.2 Itti Gaafatamaan Sektaraa ykn Adeemsi/Kutaan Hojii gitni hojii duwwaa itti argamu Adeemsa/Kutaa Hojii Hooggansa Qabeenya Namaa waliin ta'uudhaan jalaqaba bara baajataa irraatti karoora raawwannaa foo'annoo fi filannoo ni qopheessu.
- 7.3.3 Akkaataa karoorichaatiin Itti Gaafatamtootni Mana Hojii ykn Gaggeesitootni Adeemsa Hojii gitni hojii duwwaa itti argamu Adeemsa Hojii Hooggansa Qabeenya Namaa (AHHQN) Mana Hojichaa ykn HQN puulii dhimmi ilaallatu waliin ta'uudhaan beekumsa (knowledge), dandeettii addaa (skill), dandeettii fi haalawwan barbaadaman kanneen biroo gitni hojichaa gaafatu akkaataa amala mana hojichaatiin xinxialuudhaan ni mirkaneessuu.
- 7.3.4 Beeksisa gita hojii duwwaa irratti dorgomtoota affeeruun dura gama AHHQN Mana Hojichaatiin ykn AHHQN puulii dhimmi ilaallatuun qophaa'ee Itti Gaafatamaa Mana Hojii gitni hojiichaa itti argamuun akka ilaalamuu fi waligaltee argatu ni taasifama.

VIII. Raawwannaa Foo'annoo Guddina Sadarkaa

Gitoota hojii duwwaa hojjatootaan qabsiisuun kan danda'amu Labsii hojjetoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.61/94 keewwata 13 keewwata xiqqaa 4 irratti haala ibsameen karoora humna namaa mana hojichaa bu'uura gochuudhaan;

- a) Danddeettii irratti haala hundaa'een,
- b) Amantaadhaan, saalaan, siyaasaan, sabummaadhaan dorgomtoota haala addaan hin goodneen,
- c) Dubartootaa fi qaama miidhamtootaaf dursi haala kennamuu dnda'uun ta'a.

IX. Beeksisa Guddina Sadarkaa Baasuu fi Yeroo Dorgomtootni Itti Galmaa'an

Beeksisni guddina sadarkaa yemmuu bahu ulaagaaleen guutamuu qaban akkaataa armaan gadiitti ibsameen kan raawwatamu ta'a.

- 9.1 Beeksisni gita hojii duwwaa fi baajata qabu guddina sadrakaatiif yeroo ba'u yoo xiqqaate kanneen armaan gadii qabachuu qaba:-
 - a) Maqaa mana hojichaa fi teessoo isaa,
 - b) Waamama gita hojichaa, lakkoofsa eenyummaa, sadakaa fi mindaa isaa,
 - c) Bakkaa fi lakkoofsa kutaa galmeen itti gaggeeffamu,
 - d) Bakkaa, guyyaa fi lakkoofsa kutaa qormaanni itti kennamu,
 - e) Ulaagaalee dandeettiiwwan gitni hojichaa gaafatu,
 - f) Hojiin gita hojichaa wabii kan barbaadu yoo ta'e ibsamee,
 - g) Beekumsa, dandeettii addaa (skill), dandeettii fi kan biroo waan gita hojichaaf barbaadaman yoo jiratan ibsamee ba'uu qaba.
- 9.2 Beeksisni guddina sadarkaa gabatee beeksisaa mana hojichaa irratti maxxanffamee guyyoota hojii walitti aanan kudhan (10)f kan turu ta'a.

- 9.3 Galmeen dorgomtootaa guyyaa beeksisni guddina sadarkaa ba'e irraa jalqabee hanga beeksisichi maxxanfamee turutti (guyyoota kudhaniif) kan raawwatamu ta'a.
- 9.4 Ulaagaalee dorgomtootni galmeeffamuuf guutuu qaban:
- Hojjataa mootummaa dhaabbataa ta'uu,
 - Ulaagaalee gita hojii qajeelfama dandeettiiwwan barbaadaman irratti ibsaman guutuu,
 - Yeroo turmaataa guddina sadarkaaf murtaa'e xumuruu,
 - Bu'aan madaallii raawwannaa hojii gidduugaleessaa 50%fi isaa ol kan ta'e,
 - Soorama bahuuf ji'ootni sadiin ykn isaa ol kan hafe ta'uu,
 - Adabbii naamusaatiin guddina sadarkaa argachuuf kan hin dhoorkamiin ta'uu qaba.
- 9.5 Hojii fi Itti Gaafatamummaa Adeemsa Hojii Hooggansa Qabbenya Namaa;
Guddina sadarkaaf kaadhimamaa ta'anii dhiyaachuuf ga'aa ta'anii dhukkubaan, eyyamaan, hojii dirreetiin, ergisaan Waajjira biraatti ergaman, yeroo ji'a 6 hin calleef barumsaaf kan ergamanii fi sababiiwwan kkf Manni Hojichaa beekuun hojjattoota hin argamne adda baasee galmeesuudhaan dorgommiidhaaf akka dhiyaatan gochuu qaba,
- 9.6 Hojjetaan kamiyyuu beeksisni guddina sadarkaa yeroo tokko ba'eef gita hojii tokkoo olitti (lammaa fi isaa olirratti) galmaa'ee dorgomu hin danda'u.

X. Mataa Dureewwan Qaphxii Dorgoomii Guddina Sadarkaa

- 10.1 Sirna guddina sadarkaa keessatti mata dureewwan dorgommiidhaaf itti fayyadaman kanneen armaan gaditti ibsamaniidha:
- Bu'aa madaallii raawwii hojii,
 - Qormaata beekumsaa, dandeettii addaa, dandeettii hojichaaf barbaadamu,
 - Sadarkaa/qophaa'ina barumsaa,
 - Muxannoo hojii fi
 - Qulqullina kuusaa ta'a.

10.2 Haala hojjetootaaf qaphxiin dorgommii guddina sadarkaa itti kennamu:

- Bu'aa madaallii raawwannaa hojii..... 51 %
- Qormaata beekumsaa, (barreeffamaan ykn gochaan)..... 24 %
- Sadarkaa barumsaa..... 10 %
- Muuxannoo hojii.....10 %
- Qulqullina kuusaa..... 5 % ta'a.
- Akkataa armaan olitti qubee "a-e" tti ibsamaniin qabxileen dubartootni fi dhirootni argatan qaphxiin waliigalaa argatan wal-qixa ykn garaagarummaan gidduu isaanii jiru qaphxii 1 hanga 3 yoo ta'e dursi dubartootaaf ni kennama.
- Qaamaan miidhamtootaaf ammoo qabxileen waliigalaa qama midhamaa kan hin taanee fi qaama miidhamaa kan ta'an argatan wal-qixa ykn garaagarummaan jiru qaphxii 1 hanga 4 yoo ta'e dursi qaama miidhamtootaaf ni kennama.
- Qaamaan miidhamtootni dubartoota yoo ta'an qaphxiin kennamu kan qubee "g", irratti caqasame akkuma jirutti ta'ee akkataa qubee "f" jalatti ibsameen dursi dubartootaaf kan kennamu ta'a.

10.2.1 *Haala qaphxiin bu'aa madaallii raawwannaa hojii itti kennamu:*

- 10.2.1.1 Qaphxiin bu'aa madaallii raawwannaa hojiitiif kennamu dhibba keessa shantamii tokko (51 %) ta'ee, qaphxii bu'aa madaallii SMBKT giddugaleessaa yeroo lamaa Adoolessa 01 hanga Mudde 30tti argamee fi Amajjii 01 hanga Waxabajjii 30tti argameen ta'a. Kunis;
- a) Madaalliin rawwanaa hojii Adoolessa 01 hanga Waxabajjii 30tti yeroo lama gaggeeffameera yoo ta'e ida'amni bu'aa raawwannaa yeroo lamaa qaphxii 0.255'n baayyisuudhaan kan shallagamudha. Kana jechuun, hojjataan madaallii raawwannaa hojii yeroo lama galmeesse ida'amee qaphxii waliigalaa 0.255 tiin baayi'isuudhaan 51% keessaa qaphxii argamu jechuudha. **Fakkeenyaaf**, bu'aan madaallii raawwannaa hojii hojjataa tokkoo yeroo lama 60 % fi 70 % yoo ta' e, kun ida'amee 130 ta'a. 130×0.255 yoo baayyatu qaphxiin 51 keessaa kan argachuu qabu 33.15 ta'a jechuudha.
- b) Madaalliin Rawwanaa Hojii Adoolessa 01 hanga Waxabajjii 30tti jiru (kan waggaa tokkoo) yeroo tokko qofa kan gaggeeffame yoo ta'e immoo bu'aa raawwannaa hojjichaa argame qaphxii 0.51'n baayyisuudhaan kan shallagamu ta'a. Kana jechuun, madaallii raawwannaa hojii hojjetaan galmeesse 0.51 baayi'isuudhaan 51% keessaa qaphxii argamu jechuudha. **Fakkeenyaaf**, bu'aan madaallii raawwannaa hojii hojjataa tokkoo dhibba keessaa yeroo tokko argate 80% yoo ta' e, 80×0.51 yoo baayyatu qaphxiin 51% keessaa kan argachuu qabu 40.8 ta'a jechuudha.
- 10.2.1.2 Hojjataan haaraa muuxannoo hojii osoo hin dhiyeessiin qaxarame hanga waggaa tokko guututti guddina sadarkaa irratti dorgumuu hin danda'u.
- 10.2.1.3 Hojjataan mana hojii mootummaa biraatti hojjataa osoo jiruu bakka birootti qaxaramee madaallii bu'aa raawwannaa hojii yeroo tokko guutameef madaallii bu'aa raawwannaa hojii mana hojii duraatti galmeessise wajjin shallaguudhaan ji'a jaha booda akka dorgomu taasisuun ni danda'ama.
- 10.2.1.4 Hojjataan jijjiiraa seera qabeessa ta'een mana hojjichaa dhufee ji'a jaha tajaajile madaalliin hojii yeroo tokko kan guutameef yoo ta'e, madaallii raawwannaa hojii mana hojii duraanii irraa fidate wajjin ida'uudhaan dorgomsiisuun ni danda'ama.
- 10.2.1.5 Hojjattootni mootummaa barnoota ol'aanaaf ergamanii barumsa irra jiran dorgommiin guddina sadarkaa kan isaan hin ilaalle ta'ee, barnoota isaanii xummuranii yeroo deebi'an hanga ol-ka'insa sadarkaa lamaa fi hojjattootni dhuunfaadhaan barnoota isaanii fooyyeffatanii ka'umsa mindaa sadarkaa barnootaa hin argatiin jiran, ka'umsa mindaa sadarkaa barnootaa isaanii akkataa Qajeelfama Raawwii Bulchiinsa Humna Namaa Manneen Hojii Mootummaa guyyaa 04/01/1999 Lakk. KSSO1/WG-2/8/184'n darbeen (Jildii Tokkoffaa) lakkoofsa 10.8 qubee "a" hanga "c"tti ibsame hordofee kan raawwatamu ta'a.

10.2.1.6 Gitni hojii hojjataan irratti ramadamae jiru tokko sadarkaan isaa yoo foyya'ee hojjataan irratti ramadame jiru ulaagaalee gitni hojichaa gaafatu kan guutuu taanaan ka'umsa mindaa iddichaa dorgommii malee kan kan kaffalamuuf ta'a.

10.2.2 Qormaata beekumsaa:

Qormaati beekumsaa, dandeettii addaa (skill) fi dandeettii hojiif barbaachisuuf qaphxiin kenname 24% ta'a. Qormaatiichi kan kennamu gitoota hojii ogummaa harkaa barbaachisan irratti gochaan (dalagaan) yammuu ta'u, gitoota hojii ogummaa harkaa hin barbaachifne irratti ammoo barreeffamaan ta'a.

10.2.3 Haala sadarkaan barnootaaf 10% keessaa qaphxiin itti kennamu:

Lakk.	Sadarkaa Barnootaa	Qaphxii Kennamu		
		Kallattiin Qunnamtii Kan Qabuuf	Karaa Gamaa Biraatiin Qunnamtii Kan Qabuuf	Qunnamtii Kan hin Qabneef
1	DVM lammaaffaa	10	9.5	9
2	DVM jalqabaa, mahaandisaa, seeraa fi faarmaasiitiin digirii sadaffaa	9.5	9	8.5
3	Digirii sadaffaa mahaandisaa fi seera hin taaneen ykn digirii lamaffaa mahaandisaa fi seeraan	9	8.5	8
4	Digirii lammaffaa barumsa mahaandisaa ykn seeraa ykn farmaasii hin taaneen ykn digirii jalqabaa barumsa mahaandisaa ykn seeraa ykn farmaasii	8.5	8	7.5
5	Digirii jalqaba mahaandisaa ykn seeraa ykn farmaasii hin taaneen	8	7	6
6	Dippiloomaa ol'aanaa ykn koleejii waggaa 4ffaa kan xummure ykn Level IV kan xummuree	7	6	5
7	Dippiloomaa kolleejii (10+3) ykn koleejii waggaa 3ffaa kan xummure ykn Level III kan xummuree	6	5	4
8	10+2 kan xummure ykn kolleejii waggaa 2ffaa ykn Level II kan xummure	5	4	3
9	10+1 kan xummure ykn kolleejii waggaa 1ffaa ykn Level II kan xummure	4	3	2
10	Haala imaammata barnootaa duraaniitiin kutaa 12ffaa fi kan haaraatiin kutaa 10ffaa kan xummure	3	3	3
11	Haala imaammata barnootaa duraaniitiin kutaa 11ffaa fi kan haaraatiin kutaa 9ffaa kan xummure	2.5	2.5	2.5
12	Haala imaammata barnootaa duraaniitiin kutaa 10ffaa fi kan haaraatiin kutaa 8ffaa kan xummure	2	2	2
13	Haala imaammata barnootaa duraaniitiin kutaa 9ffaa fi kan haaraatiin kutaa 7ffaa kan xummure	1.5	1.5	1.5
14	Haala imaammata barnootaa duraaniitiin kutaa 8ffaa fi kan haaraatiin kutaa 6ffaa kan xummure	1	1	1
15	Haala imaammata barnootaa duraaniitiin kutaa 7ffaa fi kan haaraatiin kutaa 5ffaa kan xummure	0.5	0.5	0.5
16	Haala imaammata barnootaa duraaniitiin kutaa 6ffaa fi kan haaraatiin kutaa 4ffaa kan xummure	0.3	0.3	0.3

10.2.4 Haala muuxannoo hojiitiif 10% keessaa qaphxiin itti kennamu:

10.2.4.1 Gitoota hojii sadarkaa barnootaa Ogummaa fi Teekinikaa fi isaa ol gaafatu ykn sadarkaa barnootaa kutaa 12 (10)^{ffaan} olitti gaafatu irratti qaphxiin muuxannoo hojiif kennamu akkaataa orneela armaan gadii keessatti ibsameen ta'a.

Bara Tajaajilaa (muuxannoo hojii)	Kallattiin qunnamtii kan qabu 100%	Karaa gama biraa qunnamtii kan qabu 50%	Qunnamtii kan hin qabne 25%
Waggaa 1	0.24	0.12	0.6
Waggaa 2	0.48	0.24	0.12
Waggaa 3	0.72	0.36	0.18
Waggaa 4	0.96	0.48	0.24
Waggaa 5	1.20	0.60	0.30
Waggaa 6	1.44	0.72	0.38
Waggaa 7	1.68	0.84	0.42
Waggaa 8	1.92	0.96	0.48
Waggaa 9	2.16	1.08	0.54
Waggaa 10	2.40	1.20	0.60
Waggaa 11	2.64	1.32	0.66
Waggaa 12	2.88	1.44	0.72
Waggaa 13	3.12	1.56	0.78
Waggaa 14	3.36	1.68	0.84
Waggaa 15	3.60	1.80	0.90
Waggaa 16	3.84	1.92	0.96
Waggaa 17	4.08	2.04	1.02
Waggaa 18	4.32	2.16	1.08
Waggaa 19	4.56	2.28	1.14
Waggaa 20	4.80	2.40	1.20
Waggaa 21	5.04	2.52	1.26
Waggaa 22	5.28	2.64	1.32
Waggaa 23	5.52	2.76	1.38
Waggaa 24	5.76	2.88	1.44
Waggaa 25	6.00	3.00	1.50
Waggaa 26	6.24	3.12	1.56
Waggaa 27	6.48	3.24	1.62
Waggaa 28	6.72	3.36	1.68
Waggaa 29	6.96	3.48	1.74
Waggaa 30	7.20	3.60	1.80
Waggaa 31	7.44	3.72	1.86
Waggaa 32	7.68	3.84	1.92
Waggaa 33	7.92	3.96	1.98
Waggaa 34	8.16	4.08	2.04
Waggaa 35	8.40	4.20	2.10
Waggaa 36	8.64	4.32	2.16
Waggaa 37	8.88	4.44	2.22
Waggaa 38	9.12	4.56	2.28
Waggaa 39	9.36	4.68	1.34
Waggaa 40	9.60	4.80	2.40
Waggaa 41	9.84	4.92	2.46
Waggaa 42	10.0	5.0	2.50

10.2.4.2 Gitoota hojii ulagaalee dandeettiwwan sadarkaa barnoota haala imaammata barnootaa duriitiin hanga kutaa 12^{ffaa} fi isaa gadi ykn haala imaammata barnoota haaraatiin immoo hanga kutaa 10^{ffaa} fi isaa gad gaafatu irraati haala muuxannoo hojjiitiif 10% keessaa qaphxiin itti kennamu:

Bara tajaajilaa (muuxannoo hojii)	Qaphxii 10% keessaa kennamu
Waggaa 1	0.24
Waggaa 2	0.48
Waggaa 3	0.72
Waggaa 4	0.96
Waggaa 5	1.20
Waggaa 6	1.44
Waggaa 7	1.68
Waggaa 8	1.92
Waggaa 9	2.16
Waggaa 10	2.40
Waggaa 11	2.64
Waggaa 12	2.88
Waggaa 13	3.12
Waggaa 14	3.36
Waggaa 15	3.60
Waggaa 16	3.84
Waggaa 17	4.08
Waggaa 18	4.32
Waggaa 19	4.56
Waggaa 20	4.80
Waggaa 21	5.04
Waggaa 22	5.28
Waggaa 23	5.52
Waggaa 24	5.76
Waggaa 25	6.00
Waggaa 26	6.24
Waggaa 27	6.48
Waggaa 28	6.72
Waggaa 29	6.96
Waggaa 30	7.20
Waggaa 31	7.44
Waggaa 32	7.68
Waggaa 33	7.92
Waggaa 34	8.16
Waggaa 35	8.40
Waggaa 36	8.64
Waggaa 37	8.88
Waggaa 38	9.12
Waggaa 39	9.36
Waggaa 40	9.60
Waggaa 41	9.84
Waggaa 42	10.0

10.2.5 Quluqullina kuusaa:

Raawwannaa qulqullina kuusaa ilaalchisee hojjattootni naamusa cimaadhaan adabaman adabbii isaanii hanga xumuranitti dorgommiif dhiyaachuu ykn galmaa'uu kan hin dandeenya yoo ta'u, adabbicha erga xumuranii booda garuu;

10.2.5.1 Naamusa cimaadhaan kan adabaman guyyaa adabbiichi itti murtaa'e irraa eegalee hanga waggaa 3 (sadii) guutanitti,

- 10.2.5.2 Naamusa salphaatiin kan adabaman yeroo kamiyyuu dorgommii guddina sadarkaa kan hin dhorkamne ta'ee guyyaa adabbichi itti murtaa'e irraa eegalee hanga waggaa 1 (tokko) guutanitti qaphxiin adabbii naamusa salphhaf murtaa'e kan irraa hir'ifamu ta'uu,
- 10.2.5.3 Hojjattoota balleessaa naamusaa hin qabne immoo yeroo kamiyyuu qaphxii guutuun 5 % kan kennamuu fi
- 10.2.5.4 Hojjataan adabbii naamusaa tokkoo oliin adabamee jiru yoo jiraate qaphxiin kan kennamu adabbii isa cimaa (ol'aanaa) irratti hundaa'ee yoo ta'u akkataa orneela armaan gadii irratti caqasameen shallaguudhaan ta'a.

Lakk.	Tarkaanfii Naamusaa fudhatame	Qaphxii hir'ifamu	Qaphxii kennamuu 5%
1	Sadarkaa fi mindaa irraa akka gadi bu'u irratti kan murtaa'e	4	1
2	Mindaa ji'a tokko olii fi mindaa hanga ji'a lamaa kan adabame	3	2
3	Mindaa ji'a tokko kan adabame	2	3
4	Xalayaa akeekachiisaa irraa deddeebiin yeroo lamaa fi isaa ol kenneameef	1	4
5	Xalayaa akkeekachiisaa yeroo tokko qofa kenneameef	0.5	4.5
6	Rikoordii adabbii tokkollee yoo hin qabaanne	0	5

10.3 *Filannoo guddina sadarkaa xumuruu:*

- 10.3.1 Xalayaan guddina sadarkaa hojjatichaa guyyaa itti gaafatamaan mana hojichaa mirkaneesse irraa kaasee guyyoota kudhan keessatti hojjataaf kennamuu qaba.
- 10.3.2 Hojjataan yeroo tokko guddina sadarkaa argate hanga waggaa tokko guututti guddina sadarkaa biraa geggeeffamu irratti dorgomuu hin danda'u. Kunis guddinni sadarkaa kennamu madaallii bu'aa raawwannaa karoora marsaa lamaaf gaggeeffamu irratti kan hundaa'u waan ta'uufidha.

10.4 *Kanfaltii mindaa guddina sadarkaa:*

Hojjetaan mootummaa dhaabbataa guddinni sadarkaa kenneameef;

- 10.4.1 Mindaan isaa kan duraa ka'umsa mindaa sadarkaa gita hojii itti guddatee gadi yoo ta'e, ka'umsa mindaa sadarkaa gita hojii guddina itti argatee ta'a.
- 10.4.2 Mindaan isaa kan duraa ka'umsa mindaa gita hojii guddina itti argate waliin qixa yoo ta'e, ykn isaa ol yoo ta'e, mindaa duraa irratti gulantaan tokko ni ida'amaaf.
- 10.4.3 Mindaan isaa kan duraa fiixee ka'umsa mindaa gita hojii guddina itti argatee waliin qixa yoo ta'e, ykn isaa ol yoo ta'e mindaan isaa kanuma duraan argatu ta'a.
- 10.4.4 Kanfaltiin mindaa guddina sadarkaa hojii irra kan oolu guyyaa jalqaba ji'a xalayaan guddina sadarkaa hojjetichaa ibsu ba'ii ta'e irraa jalqabee ta'a.

XI. Gitoota Hojii Itti Gaafatamaa Manneen Hojii Muudamaan Ala (Meeriitii) Ta'an, Gageessaa Adeemsa Hojii fi Qindeessaa Dhimma Hojii Irratti Duwwaa fi Baajata Kan Qaban Ta'ee Manni Hojichaa Ykn Qamni Gitni Hojichaa Itti Waamamuuf Hojjetaa Guddisee Ramaduudhaaf Haala Guddinni Sadarkaa Itti Gaggeeffamu

Gitootni hojii Itti Gaafatamtoota Manneen Hojii muudamaan ala (meeriitii) a'an, Gageessaa Adeemsa Hojii fi Qindeessaa Dhimma Hojii duwwaa fi baajata kan qaban ta'ee guddina

sadarkaatiin hojjattoota ramaduun yoo barbaachise adeemsa raawwannaa guddina sadarkaa irratti qabxileen madaallii armaan gaditti mul'atan hordofuudhaan gaggeeffama.

11.1 Itti Gaafatamaan Mana Hojichaa dhimmi ilaallatu hojjattoota sadarkaa gita hojichaa irratti guddina sadarkaatiin ramadamuu danda'an mana hojichaa fi dameewwan mana hojichaa jala jiran keessaa filuudhaan **dorgommiif kara koree guddina sadarkaa akka dhiyaatan ni taasisa.**

11.2 Gita Hojii Gaggeessaa Adeemsa Hojii (Qindeessaa Adeemsa Hojii) yoo ta'e Itti Gaafatamaan Mana Hojichaa ykn Gita hojii Itti Gaafatamaa Waajjiraa (Mana Hojii) muudamaan ala (meeriitii) ta'e irratti yoo ta'e immoo Hogganaan Manni Hojichaa itti waamamuuf hojjattoota dorgommiif yeroo filatu:

- a) Itti gaafatamuummaa fudhachuuf qophaa'insa qaban,
- b) Karoora mana hojichaa haala barbaadamuun raawwachuuf ykn hojii irra oolchuuf ga'umsa qaban,
- c) Imaammata fi tarsiimoo mootummaa (galmaa fi kaayyoo) fiixaan baasuf kutannoo qaban (commitment),
- d) Dandeettiwwan barbaachisoo gitni hojichaa gaafatu gutaanii argamuu isaanii,
- e) Malaammaltummaa irraa bilisa ta'uu isaanii,
- f) Naamusa gaarii qabaachuu isaanii fi
- g) Bu'aan madaallii raawwannaa hojii dorgommiif dhiyaachuun danda'amu qaphxiin madaallii gidduugaleessaa yeroo lamaa 50 % fi sanaa ol kanneen qaban ta'uu qaba.

11.3 Armaan olitti lakk. 11.2 irratti kan ibsaman akkuma jiranitti ta'ee Itti Gaafatamtoota Manneen Hojii muudamaan ala (meeriitii) ta'an, Gageessaa Adeemsa Hojii fi Qindeessitoonni Garee ykn Dhimma Hojii kanaan dura dandeettiwwan sadarkaa gita hojichaaf barbaachisoo ta'an guutummaan guututti guutunii dorgommiidhaan kan ramadaman yoo ta'ee fi Itti Gaafatamtoota ol-aanoo manneen hojii dhimmi ilaalltuutn akka itti fufan kan itti amanamu yoo ta'e, sadarkaa gita hojii kana dura qabataniin turan irratti dorgommii malee ramaduun ni danda'ama. Haa ta'u malee haala kanaan guddiana sadarkaatiin mindaa ka'umsa sadarkaa gita hojichaa kaffaluun kan danda'amu mindaa amma argachaa jiran irraa ol-ka'insa sadarkaa sadii kan hin caalle yoo ta'e qofaadha.

11.4 Dubartootaa fi qaama miidhamtoota ilaalchisee guddinni Sadarkaa I/G/Manneen Hojii muudaman alaa (meeriitii) ta'an, Gaggeessaa Adeemsa Hojii fi Qindeessaa Dhimma Hojii haalli itti raawwatamu akkaataa qajeelfama kana Lakk. 10.2 qubee "f", "g" fi "h" irratti ibsameen ta'a.

11.5 Dorgommii guddina sadarkaa Itti Gaafaamtoota Manneen Hojii muudamaan ala ta'aniin, Gageessitoota Adeemsa Hojii ykn Qindeessitoota Dhimma Hojii yeroo taasifamu akkataa ulaagaalee dorgommii ta'aniin filannoon taasifamu of-egannoo cimaadhan iddoodhaaf guutuun isaanii sirriitti ilaalamuu kan qabaatu ta'ee, hojjattootni haala kanaan dirgomaniin iddoo akka qabatan erga taasifamee booda raawwii qajeelfama naamusaa hojjattoota mootummaa hordofee murtiin kennamu qaaama dhimmii ilaaluun yoo mirknaa'een alatti iddoo itti ramadaman irraa kaasuunis ta'e sadarkaa akkaataa qajeelfamaan dorgomaniin kaa'aman irraa gad-buusuun kan hin danda'amne ta'a.

- 11.6 Haala qaphxiin dorgommii guddina sadarkaa gitoota hojii duwwaa I/G/Manneen Hojii muudamaan ala ta'an, Gagaessaa Adeemsa Hojii fi Qindeessaa Dhimma Hojii Itti kennamu:
- a) Bu'aa madaallii raawwannaa hojii 51 %
 - b) Qormaata beekumsaa, (barreeffamaan ykn gochaan).....15 %
 - c) Sadarkaa barumsaaf.....10 %
 - d) Muuxannoo hojii10 %
 - e) Qulqullina kuusaa.....5 %
 - Ida'ama = 91 %**
 - f) Qaphxii itti gaafatamaa mana hojichaatiin kennamu..... = 9 %
 - Qaphxii Ida'ama Waliigalaa = 100 %**
 - g) Kenninsi qaphxii madaallii raawwannaa hojii gitoota hojii Itti Gaafatamtoota Manneen Hojii muudamaan ala (meeritii) ta'an, Gagaessaa Adeemsa Hojii fi Qindeessaa Dhimma Hojii haala armaan ol Lakk. 10.2.1 jalatti ibsaman horduffuudhaan ta'a.
- 11.7 Haala qaphxiin sadarkaa baruumsaatiif itti kennamuu fi muuxannoon hojii itti qabamu akkataa armaan ol Lakk. 10.2.3 fi Lakk. 10.2.4 irratti ibsamaniin ittiin gargaaramnuun ni barbaachisa.
- 11.8 Haala armaan olitti ibsameen qaphxiin koree guddina sadarkaatiin kennamu hanga 91 %tti qofa yammuu ta'u, qaphxiin hafu 9% keessaa immoo Itti Gaafatamaa Mana Hojichaatiin kan kennamu taha.
- 11.9 Itti Gaafatamaan Mana Hojichaa ragaalee yaada murtii waliin koree guddina sadarkaa irraa dhiyaataniif tokko tokkoon qo'atee seera qabeessa ta'uu isaanii erga mirkaneesseen booda qaphxii 9% gama isaatiin kennamuu qabu keessaa haala madaallii isaatiin tokkoo tokkoo dorgomtootaatiif qaphxii korichi kenne irratti dabaluuudhaan isa 1^{ffaa} ba'e ni filata.
- 11.10 Dorgommiin guddina sadarkaa manneen hojii sadarkaa adda addaa irratti raawwatamu ilaachisee yaadni murtee koree fo'annoo fi filannoo irraa dhiyaatu:-
- 11.10.1 Kan Manneen Hojii Sadarkaa Naannoo fi Gidduugaleessota Manneen Hojii Sadarkaa Naannoof waamaamni Itti Gaafatamaa Ol'naaaa Mana Hojii Sadarkaa Naannoof dhiyaatee akka mirkanaa'u taasifama.
- 11.10.2 Kan Manneen Hojii Godinaa, Aanaa fi Bulchiinsa Magaalotaa sadarkaa 1^{ffaa}, 2^{ffaa} "A" fi 2^{ffaa} "A" Puulii irraa tajaajila argatanii Itti Gaafatamaa Mana Hojii Koreen itti waamaamuuf dhiyaatee akka mirkanaa'u ni taasifama.
- 11.10.3 Sadarkaa Godinaa, Aanaa fi Bulchiinsa Magaalotaatti xalayaan guddina sadarkaa hojjataadhaaf kennamuun duratti ragaalee barbaachisaan qindaa'ee Waajjira Siivil Sarviisii fi Bulchiinsaa Gaariif sadarkaa sanatti arganiif ergamee mirkanaa'uu qaba.
- 11.10.4 Caasaalee sadarkaa hunda irrattuu hojjattootni guddina argatan xalayadhaan akka beekan yammuu taasifamu garagalchaan Biiron Siivil Sarviisii fi Bulchiinsa Garii Oromiyaa akka beeku taasifamuu qaba.

KUTAA SADII: AANGOO FI DIRQAMA QAAMOOLEE ADDA ADDAA

XII. Aangoo fi Dirqama Qaamoolee Adda Addaa

12.1 Ga'ee fi Itti Gaafatamummaa Biiroo Siviil Sarviisii fi Bulchiinsa Garii Oromiyaa fi Caasaa Isaa Sadarkaa Sadarkaan Jiran

- 12.1.1 Qajeelfamni guddina sadarkaa kun qophaa'ee qaamota dhimmi ilaalu hundaaf akka ga'uu fi hubannoon akka irratti uumamu ni taasisa.
- 12.1.2 Qajeelfamichi akkaataa barbadameen hojii irra ooluu isaa ni hordofa, ni mirkaneessa, raawwii qajeelfamichaa irratti ibsaa fi deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna, komii ykn eeruu dhiyaatu qulqulleessuudhaan tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata.
- 12.1.3 Waajjiraleen SSBG Godinaalee raawwii guddina sadarkaa manneen hojii sadarkaa Godinaa, Aanaalee fi Magaalota Godinaaf waamaman, akkasumas Waajjiraaleen SSBG Bulchiinsa Magaalotaa sadarkaa 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} "A" raawwii guddina sadarkaa kana manneen hojii Mootummaa fi Mana Qopheessaa magaalicha keessatti argamaniif deeggarsaa fi hordoffii baraachisaa ta'e taasisuu, raawwii seeraan alaa irratti tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu fi kan humnaa ol ta'e ammoo BSSBGO tiif ni dabarsu.

12.2 Aangoo fi Dirqama Hoggansa Manneen Hojii

- 12.2.1 Hoggantootnii fi Itti Gaafatamtootni Manneen Hojii sadarkaa adda addaa irratti argaman hundi qajeelfamicha haala barbaadameen akka hojii irra oolu taasisuun irraa eegama.
- 12.2.2 Biiron Maallaqaa fi Misooma Dinagdee fi caasaaleen damee Mana Hojichaa sadarkaa hunda irratti argaman raawwii qajeelfama kanaa waliin wal-qabatee kaffallttiin seeran alaa akka hin raawatamne of eeggannoo fi hordoffii cimaa taasisuun irraa eegama.
- 12.2.3 Manneen hojii Sadarkaa Naannoo fi Gidduugaleessotaatti hogganan mana hojii akkataa qajeelfama jiruun miseensota koree guddina sadarkaa (walitti qabaa koree, miseensota koree fi barreesaa) ramadamuu fi hojjettootni miseensa koree nama lama filachuu isaanii mirkaneeffachuu qabu.
- 12.2.4 Manneen hojii sadarkaa Godinaa, Aanaa fi Bulchiinsa Magaalaa keessatti guddina sadarkaa hojjetootaa gaggeessuuf puulii lamaanuu (Puulii Bulchiinsaa/Mana Qopheessaa fi Puulii Waajjira Siviil Sarviisii fi Bulchiinsa Gaarii) keessatti akkataa qajeelfama jiruun walitti qabaa koree, miseensota fi barreesaan koree ramadamuu fi hojjettootni miseensa koree nama lama filachuu isaanii mirkaneeffachuu qabu.
- 12.2.5 Koree fo'annoo fi filannoo dabalatee qaamni kamiyyu raawwii guddina sadarkaa keessatti gahee qabu, haala raawwii qajeelfama guddina sadarkaa kana keessatti ibsamenn alatti; loogiidhaan, firummaadhaan, ykn faayidaa adda addaatiin akka waliigalaatti seeraan ala guddina sadarkaa kennee ykn mirkaneessee fi kaffaltii raawwate akkaataa Labsii Hojjetoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 61/1994 keewwata 85 keewwata xiqqaa 1-2 jalatti ibsameen balleessaa raawwteef seera yakkaatiin kan gaafatamu taa'uun akkuma jirutti ta'ee, maallaqa mootummaa seeraan ala baheef tarkaanfii seera qabeessa ta'e kan irratti fudhatamu ta'a.

12.3 Aangoo fi Dirqama Adeemsa Hojii Hooggansa Qabeenya Namaa(AHHQN)

Adeemsi Hojii Hooggansa Qabeenya Namaa fi Raawwataa Hojii HQN (HRM Focal Person) manneen hojii sadarkaa kamiyyuu irratti argaman ragaa hojjattootaa fi odeeffannoo (ragaalee hojjettootaa bulchiinsa qabeenya namaa barbaachisaa ta'an) guutumaan guutuuttii qindeessanii qabachuu fi yeroo barbaachisutti koree guddina sadarkaaf dhiyeessuu qabu.

12.4 Gahee fi Dirqama Hojjettoota

12.4.1 Hojjetaan kamiyyuu ragaan dhiyeeffatan qulquluu fi dhugaa irratti kan hundaa'e ta'uu waan qabuuf ragaa barumsaa fi muuxannoo hojii sobaa dhiyeesuun yakkaan kan nama gaafachisu ta'u isaa beekuun of-eegannoo taasisuu qabu.

12.4.2 Hojjetaan mana hojii kamiyyuu kanneen ragaa barumsaa fi muxannoo hojii sobaa dhiyeesuudhaan faayidaa hin mallee argachuuf yaalu jiraachu isaa yoo beekke qaama dhimmi ilaaluuf eeruu kennuf dirqama qaba.

12.4.3 Hojjetaan kamiyyuu qaphxiilee qajeelfama kana keessatti kaawwaman beekuu fi hubannoo qabachuudhaan hirmaanaa barbaachisu taasisuuf dirqama qaba.

XIII. Yeroo Hojii Irra Oolmaa Qajeelfamichaa

Qajeelfamni raawwii guddina sadarkaa kun yeroo Oogganaa BSSBGO'n mallatteeffamee bahe irraa eegale hojii irra kan oolu ta'a.

Lakk. _____
Guyyaa _____

Obbo/Aaddee _____ tiif

Bakka Jiranitti

Dhimmi: - Guddina Sadarkaa Ilaala.

Manni hojii keenya akkaataa Qajeelfama Raawwii Guddina Sadarkaa Hojjattoota Mootummaa lakk. _____ guyyaa _____ 'n Biiron Siivil Sarviisii fi Bulchiinsa Gaarii baase irratti hundaawudhaan guyyaa _____ lakk. _____ 'n beeksisa guddina sadarkaa baasuun isaa ni beekama.

Haaluma kanaan, isini dorgomtoota dhiyaatan keessaa qaphxii caalmaa kan argattan waan ta'eef, guyyaa _____ bara ___ irraa eegalee waamama gita hojii _____, lakkoofsa eenyummaa gita hojii _____ sadarkaa ___ irratti guddina sadarkaa kan argattan waan ta'eef, mindaa ji'aa duraan isinii kaffalamaa ture qarshii _____ irratti qarshii _____ isinii dabalamee mindaan ka'umsaa iddoodhaaf hayyamame qarshiin _____ akka isinii kaffalamu kan murtaa'e ta'uu ibsaa, gahee isin irraa eegamu amanamummaa fi ciminaan akka raawwattan ni beeksifna.

Nagaa Wajjin

Mallattoo fi Maqaa I/Gaafatamaa
Mana Hojii

Chaappaa Geengoo

G.G.

_____ tiif
_____ tiif
_____ tiif
_____ tiif

Bakka Jiranitti